# Ergaa Phawuloos
# Gara Worra Qorontoosii Erge
# Ta Lammeesso'oo

## Seensa

Ergaan Phawuloosii ta lammeesso'oo, qunnamtiin inni wolde'a kiristaana Qorontoosii woliin qabu yennaa rakkittii teetetti barreeffante. Miseensoti wolde'a kiristaanaa gariin Phawuloos guddoo miidhanulle, inni ammoo halchaa guddoo araaraaf akka qabu mudhisaa, tun yennaa teetutti gammadi guddaan akka itti dhage'amu ifa tolchee hima.

Phawuloos kutaa ergaa tanaa ta qaraa keessatti qunnamtii ifii ta wolde'a kiristaana Qorontoosii woliin qabu beessisaa, arrabaa fi mormii wolde'a kiristaanaa keessatti kaateef deebii jajjadduu maaf akka deebise ifa tolchee hima. Yaaduma kana woliin qassiise xixichi isaa, akka isaan cubbuu irraa deebi'anuu fi gara araaraa akka dacha'anu waan godheef, gammada itti dhage'ame isaanitti mudhisa. Itti aanseelle kiristaana lafa Yihuda'aa qarqaariisaaf arjoomaan akka wo kennanu isaan yaadachiisa. Foorota dhumaa keessatti Phawuloos himannaa ergamaa te'iisa isaa irratti dhikaateef waan falmatu kenna. Sababille wolde'a kiristaana Qorontoosii keessatti worri gariin ergantoota dhugaameyyii ifi godhanee, Phawuloosiin ammoo ergamaa dharaamessa jedhaa himatiisatti jiraniiyyu.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Seensa*1:1-11*
Phawuloosii fi wolde'a kiristaana Qorontoosii*1:12—7:16*
Qarqaarsa wolde'a kiristaana lafa Yihuda'aatiif*8:1—9:15*
Falmata Phawuloos ergamaa te'iisa ifiitiif dhikeeffate*10:1—13:10*
Yaada buufataa*13:11-13*

1 Ana Phawuloosii fedha Waaqaatiin ergamaa
Yesuus Kiristoosii te'ee fi obboleessa keenna Xi-
mootewoos irraa:
Wolde'a kiristaanaa ka Waaqaa, ka qachaa Qorontoosii keessa jiruu fi kolbaa Waaqaa ta lafa Akaayya'aa duudii keessa jirtu maraaf:
2 Waaqi Abbaan keennaa fi Goottaan keenna
Yesuus Kiristoos badhaadhaa fi nageya isiniif
kennu.

### *Phawuloos Waaqa Galateeffate*

3 Waaqa Abbaa Goottaa keenna Yesuus Kiris-
toosii, Abbaa mararti'iitii fi Waaqa jajjabeenna
maraatiif galanni te'u.
4 Nuuti jajjabeenna Waaqa irraa dhagganeen,
worra rakkinna adda addaa keessa jiru akka
jajjabeessinuuf, Waaqi rakkoo teenna duudii
keessatti nu jajjabeessa.
5 Akkuma rakkinna hedduu Kiristoosii
qoodanne, akkasuma Kiristoosiin jajjabeenna
hedduu dhagganna.
6 Nuuti yennaa rakkannu isin jajjabeennaa
fi fayyinna dhaggattan; yennaa jajjabaannulle
rakkoo akka nuuti fudhannee, isinille ossaan fud-
hattanee hin jajjabaattan.

**1:1** HuE. 18:1

7 Isin rakkoo teenna akkuma qoodantanu, akka-
suma jajjabeenna nuuti fudhannu akka qoodan-
tanu waan beennuuf, addiin nuuti isin irratti
qannu ijjumaa hin tachootu.
8 Obboleeyyan tiyya! Rakkoo lafa Asiya'aa
keessatti nu dhaqqadde, akka beettanu
barbaanna. Rakkoon nu dhaqqadde sun guddoo
ulfaattu'uu fi hunna teennaan ol waan teeteef,
addii jiru'uun le'iisaa kutanneerraayyu.
9 Akka waan muraan du'aa nutti murantee
nu'utti dhage'ameeraayyu; ammoo Waaqa worra
du'ane kaasu callaa malee, ifii keenna akka hin
addanneef tun teete.
10 Waaqi balaa du'aa ka akkasii jalaa nu
baaseera, hin baasalle'e; ammalle akka nu baasu
addii isatti godhanneerra.
11 Isinille daadimannaa teessaniin nu
qarqaaruu qaddan. Daadimannaa heddu'uun
qarqaarsa Waaqaa yennaa dhaggannu,
worri hedduun sababa keennaaf Waaqa hin
galateeffata.

### *Phawuloos Karoora Ifii Jijjiire*

12 Amma wonni nuuti ifi jajannuun kana: Le'iin
nuuti biyya lafaa tana keessa leene, keessattuu
akki nuuti isin woliin leene, woyyumma'aa fi qa-
jeelummaa Waaqa irraa dhagganneen akka te'e
wodanaan keenna dhugaa baya. Kunille bad-
haadha Waaqaatiin malee, qarummaa namaati-
inii moti.
13 Nuuti waan isin dubbifattanee hubatu'uu
dandeettanu malee, waan dhibii womaa isiniif
hin barreessinu.

---

**1:8** 1 Qor. 15:3

14 Isin amma marroo teenna gamisa beettan;
duuba irra ammoo guutattanee akka hubattanu
hin addadha. Sababa kanaan guyyaa Goottaan
Yesuus dhufu akkuma nuuti isiniin ifi jajanu,
isinille nu'uun ifi jajjan.

15 Ani waan kana waan beekeeruuf, yennaa
lama akka isin fayyadantanuuf jedhee,
matooma gara keessan dhufiisaaf karoora
baafadheeraayyu.
16 Ani gara Maqedooniya'aa yennaa taruu fi
achii yennaa deebi'u isin ilaaliisaaf karoora
baafadheera. Isinille yennaa san deensa kiyya
ka ani gara lafa Yihuda'aa dhaquuf na hin
qarqaartan jedhee yaadadheera.
17 Yennaa karoora kana baafadhe, nama yaada
lamaa isinitti fakkaadhaa? Yookiin tana karoor-
fatiisaan yennaa tokkotti «Eeti'ii» fi «Waawwo'o»
jedhaa yaada namaatiin waan godhe seetanii?
18 Waaqi addatamaa waan te'eef, wonni nuuti
isinitti hinnu jecha yaada lamaa ka «Eeti'ii» fi
«Waawwo'o» jedhuu moti.
19 Ilmi Waaqaa Yesuus Kiristoos ka Siilaas, Xi-
mootewoosii fi ani odduu teessanitti lallanne
jecha yennaa maraa, «Eeti'i» jedhuun malee, jecha
yaada lamaa ka, «Eeti'ii» fi «Waawwo'o» jedhuunii
moti.
20 Waadaan Waaqi nu'uuf gale duudiin karaa
Kiristoosiitiin, «Eetii» te'a. Tanaaf nuutille ulfinna
Waaqaatiif karaa Kiristoosiitiin, «Ameen» jenna.
21 Nuuti isin woliin Kiristoositti akka jabaannu
ka godhe Waaqa; hujii tanaaf ka nu muudelle isa.

**1:16** HuE. 19:21 **1:19** HuE. 18:5

22 Ka isaa te'uu keennaaf beessisa ifii nu ir-
ratti godhee, karra hegeri nuu kennuuf akka
qaddi'iititti Ayyaana Woyyicha ifii gadhaa keenna
keessa ka keye isa.

23 Wonni ani gara lafa Qorontoosii deebi'ee
dhufuu dhabeef, akka isin hin gaddisiinne isiniif
nayee ti; kanalle'eef Waaqi naaf dhuga'a.

24 Isin dhugeeffanna'aan jabaattanee waan
dhaabbattaneef, akka gammaddanuuf isin woliin
hujaarra malee, dhugeeffannaa teessan irratti ifi
goottonsiisaafii moti.

# 2

1 Ani deebi'ee isin gaddisiisu'uuf gara keessan
akka hin dhunne murteeffadheera.

2 Ani yoo isin gaddisiiselle, isinuma worra ani
gaddisiise malee, eentu na gammachiisa ree?

3 Ani gara keessan yennaa dhufu, worri na
gammachiisu'uu male akka na hin gaddisiinneef
jedhee, akka san isiniif barreesse. Sababille gam-
madi kiyya gammada keessan maraa akka te'e hin
addadha.

4 Gadda gudda'aan, gadhaa laalatee fi imim-
maan hedduu buusee wonni isiniif barreesse,
akka ani guddoo isin jaaladhu akka beettanuuf
malee, isin gaddisiisiisaafii moti.

### *Nama Yakkeef Araaramuu*

5 Nami nama gaddisiise yoo jiraate inni ka gad-
disiise anaa moti; yakkaa itti o'isiisa hin te'in
malee, gara tokkoon inni isin duudii gaddisiise.

6 Nama akkasii kana, adabbiin isin hedduun
adaddane hin geetti.

7 Namichi kun guddoo gaddiisa irraa ka ka'e addii akka hin kutanne, isaaf araarantanee jajjabeessuu qaddan.
8 Maarre isa jaalatuu keessan akka mirkaneessitanu isin kadhadha.
9 Ani haga isin ilaalee, waan maraan ka ajajantanu te'iisa keessan beekiisaaf isiniif barreesse.
10 Nama isin araarantanuuf, anille hin araaramaaf. Wonni ani namaaf araaramu'uu male yoo jiraatte, sababa keessaniif jedhee fuula Kiristoosii duratti araarameera.
11 Hujii hantuu seexanaa waan beennuuf, akka inni nu hin gowwoonsineef jedhee tana godhaara.

*Yaaddoo Phawuloos Qachaa Xiro'aasii Keessatti Yaade*

12 Oduu Gammadaa ta Kiristoosii lallabiisaaf, yennaa ani gara qachaa Xiro'aasii dhaqe, Goottaan balbala tajaajilaa naaf baneeraayyu.
13 Ammoo obboleessa kiyya Tiitoos achitti waan dhagguu dhabeef, yaadi kiyya hin foorfanne. Maarre worra achi jirutti nageya dhaamee gara Maqedooniya'aa tare.
14 Waaqa yennaa mara karaa Kiristoosiitiin injifattoota nu godhee, nu qajeelchuu fi beekkumsa marroo Kiristoosiitiif qannu akka uddowaa foolee dansaa qabuu, addee mara akka dhaqqassinnu nu godhuuf galanni te'uu ti.
15 Nuuti worra fayyuufille te'e, worra baduuf akka dakkara* foolee dansaa qadduu teenee, Kiristoosiin worra Waaqaaf dhikaateeru.

---

**2:13** HuE. 20:1 * **2:15** *Dakkara:* Uddowaa

16 Nuuti, worra baduuf foolee gara du'aa
geessitu; worra fayyuuf ammoo foolee gara
jiru'uu geessitu. Yoona hujii akkasii tanaaf ka
dandeettii qabu eennu?
17 Nuuti akka worra Waaqaan ergameetitti ta-
jaajiltoota Kiristoosii teenee, fuula Waaqaa du-
ratti gadhaa qullu'uun dubbanna malee, akka
namoota hedduu Jecha Waaqaa bu'a'aaf dal-
dalanuutii moti.

# 3

*Tajaajiltoota Gondooroo Haareyaa*

1 Nuuti ammalle ifi saaduu jalqabaarraa?
Yookiin akkuma worri gariin godhu xalayaa
deeggarsaa gara keessan fidatuu yookiin isin
irraa fudhatuu nu barbaachisaa ree?
2 Xalayaan keenna ka akka nami duudiin
beekuu fi dubbisuuf gadhaa keenna keessatti
barreeffameeru isinuma.
3 Isin tajaajila keennaan xalayaa Kiristoosii
te'uun keessan ifa. Xalayaan kun hallu'uun adoo
hin te'in, Ayyaana Waaqa jiraata'aatiin, gabatee
dhaka'aa irratti adoo hin te'in gadhaa namaa
keessatti barreeffameera.
4 Nuuti karaa Kiristoosiitiin Waaqatti addii
waan qannuuf tana jenna.
5 Nuuti dandeettii teennaan tana goona waan
jennu takkaalle hin qannu; dandeettiin teenna
Waaqa irraa dhutti.
6 Tajaajiltoota Gondooroo Haareyaa akka
teenuuf ka dandeetti nu'uuf kenne isa;
gondooroon tun ta Ayyaana Woyyichaati malee,
ta seera qube'een barreeffameetii moti. Seerri

qube'een barreeffame du'a fida; Ayyanni Woyyichi ammoo jiruu kenna.
7 Seerri dhakaa baxxicha irratti qube'een
bocameeraayyu; ifi yennaa seerri kenname jiru
kuun badaa ka deemu te'ulle, kolbaan Israa'elii
fuula muuse'eetitti ila qaddee ilaaliisaaf hin
dandeenne. Eegasuu seerri du'a fide ulfinna
akkanaatiin yoo mudhate,
8 tajaajilli karaa Ayyaana Woyyichaatiin
dhaggamu ulfinna kana caalu attam hin
qabaanne ree?
9 Tajaajilli yakkaa namatti muru ulfinna haganaa ka qabu yoo te'e, tajaajilli nama balchoonsu attam ulfinna caalu qabaatuu dhaba ree?
10 Ulfinni duuba irraa ka akka malee caalu waan
te'eef, ulfinni dur tare akka woy hin qanneetitti
laakkowama.
11 Wonni caararrowaa deentuuyyuu ulfinna haganaa ka qaddu eega teete, wonni haga bara baraa jiraatu ammoo ulfinna akka malee caalu attam hin qabaanne ree?
12 Addii akkanaa waan qannuuf, sodaa malee
dubbanna.
13 Nuuti akka muuse'eetii moti; inni calalaqa
fuulaa ka badu san kolbaan Israa'elii akka hin
dhaggineef fuula ifii gollate.
14 Qalbiin isaanii dhugumaan dillootteerti;
haga guyyaa adhaalle kitaaba Gondooroo Qaraa
yennaa dubbisanu qalbiin isaanii gollaa saniin
akkuma gollanteen jirti. Gollaan tunille karaa
Kiristoosii qofaan ka baddu waan teeteef tun
teete.
15 Haga adhaalle yennaa isaan kitaaba Seera
Muuse'ee dubbisanu mara, qalbiin isaanii

golla'aan gollanti.
16 Ammoo yennaa nami gara Gootta'aa deebi'u
gollaan hin baddi.
17 Goottaan Ayyaana; addee Ayyaanni Gootta'aa
jirutti bilisummaan hin jirti.
18 Nuuti duudiin fuula hin gollamiiniin, ulfinna
Waaqaa akka daaw'iti'iin mudhatuutitti hin
calalassina; nuutille bifa Goottaa Ayyaana te'ee
fakkaatiisaaf ulfinna irraa gara ulfinna hin
jijjiiranna.

# 4

### *Tajaajila Dhugaamessa*

1 Waaqi marartii ifiitiin tajaajila kana waan
nu'uu kenneef addii hin kutannu.
2 Nuuti waan dhossa'aa fi fokkisiisaa te'e
lakkinneerra; maltumma'aan hin hunyu; Jecha
Waaqaalle hin micciirru; addee akkasii dhugaa
ifatti baannee mudhinna; ifille wodanaa nama
maraatiif fuula Waaqaa duratti ifa goona.
3 Oduun Gammadaa ta nuuti lallannu yoo gol-
lantelle, worra baduuf gollante.
4 Bulchaa biyya lafa tanaa ka te'e Seexanni
qalbii worra hin dhugeeffannee jaamseera; inni
Oduu Gammadaa ta ulfinna Kiristoosii isaanii is-
situ, ta bifa Waaqaatiin mudhatte akka isaan hin
dhaggine godheera.
5 Nuuti Yesuus Kiristoos Goottaa akka te'ee fi
nuutille marroo isaatiif tajaajiltoota teessan akka
teene lallabaarra malee, marroo teennaa moti.

6 Waaqi, «Ifi dukkana keessatti ifuu ti» jedhee
dubbate, ifa beekkumsa ulfinna ifii ka fuula Kiris-
toosii irraa mudhatu, gadhaa keenna keessatti
akka ifu godhe.

7 Ammoo hunni waan duudii irra caaltu tun,
Waaqa irraa malee nu'u irraa akka hin te'in akka
beekkamuuf karra ayyaantittii tana akka okkotee
faaraa teenee qabanneerra.
8 Karaa maraan hin rakkanna, ammoo hin in-
jifatannu; yennaa hedduu waan goonu hin wol-
laalla, ammoo addii hin kutannu.
9 Miidhaan nu'u irra hin geya, ammoo jaalota
dhannee hin beennu; dhowannee hin jinna, am-
moo hin duunu.
10 Jiruun Yesuusii nafa keenna irratti akka mud-
hatu, yennaa duudii du'a isaa nafa keenna irratti
ba'annee deddeenna.
11 Jiruun Yesuusii nafa keenna ka du'u irratti
akka mudhattuuf, nuuti worri jirruuyyuu marroo
Yesuusiitiif yennaa mara du'aaf dabarfannee hin
kennanna.
12 Maarre nuuti yennaa maraa afaan du'aa jirra,
isin ammoo afaan jiru'u jirtan.

13 Teetuu malee Barreeffama Woyyicha
keessatti, «Ani dhugeeffadhe; tanaaf dubbadhe»
akkuma jedhante, nuutille ayyaanuma
dhugeeffanna'aa san waan qannuuf hin
dhugeeffanna. Sababa kanaaf hin dubbanna.
14 Waaqi ka Goottaa Yesuus du'aa kaase, nu'ulle
Yesuus woliin akka kaasuu fi isin wolille'een ifi
duratti akka dhikeessu hin beenna.
15 Akkuma badhaadhi Waaqaa irra caalaa
fakkanaa worra hedduu dhaqqabaa deemuun,

worri ulfinna Waaqaatiif galata dhikeessu akka heddatuuf tun duudiin isiniif teete.

### *Dhugeeffanna'aan Jiraatuu*

16 Tanaaf addii hin kutannu. Nafi keenna
ka gubba'aa dulloomaa dadhabaa jiraatulle, nafi keenna ka keessaa guyyuma guyya'aan hin haareffama.
17 Rakkoon teenna diqqo'oo fi ta haga yenna'aa
tun, ulfinna guddaa bara baraa ka haga hin qanne akka dhaggannu nu gooti.
18 Nuuti ka eegannu waan hin mudhanne
malee, waan mudhatuu moti. Wonni mudhatu ka haguma yenna'aa ti; wonni hin mudhanne ammoo ka haga bara baraa ti.

# 5

1 Nafi keenna ka lafa tanaa, ka akka dunkaani'ii
keessa leenu yennaa diigame, mana harka namaatiin hin ijaaramin, ka Waaqi ol-gubba'atti ijaare akka qannu hin beenna.
2 Ammaa tana nuuti nafa ol-gubba'aa uffatiisaaf
dharra'iisaan aadiisatti jirra.
3 Isa san yennaa uffanne qullaa jiraannee hin
dhaggannu.
4 Dunkaana lafa tanaa keessa haga jirru, ba'aan
nu'utti ulfaattee aadaarra; wonni nuuti aadaarruuf duuti jiru'uun jijjiirantee, nafa ol-gubba'aa akka uffannuuf malee, nafa keenna ka lafa tanaa irraa adda bayiisa barbaanneetii moti.
5 Jijjiirama kanaaf ka nu qopheesselle Waaqa;
san caalaalle waan nu'uuf kennamu maraaf akka qaddii te'uuf, ayyaana ifii ka nu'uuf kenne isa.

**5:5** Rom. 14:10

6 Nafa keenna ka lafa tanaatiin haga jirru, Goot-
taa irraa ka fagaanne akka teene yoo beennelle,
yennaa maraa isatti addanna.
7 Nuuti ka jiraannulle dhugeeffanna'aan malee,
isa dhaggiisaanii moti.
8 Nuuti nafa akka mana keennaa te'e kana ir-
raa adda baanee, Goottaa woliin jiraatiisaaf hin
halchina; tanaaf ifi addi'iin leena.
9 Nuuti nafa keenna kanaan jiraannulle, ji-
raatuu dhannulle, yaadi keenna Goottaa gam-
machiisu'u.
10 Nami tokko tokkonuu nafa ifiitiin adoo jiruu,
waan dansaalle te'e hantuu godheef, akkuma
hujii ifiititti gatii dhaggatiisaaf, nuuti martinuu
fuula barcumaa mura'aa ka Kiristoosii duratti
dhikaatuu qanna.

*Kolbaa Waaqaan Araarsuu*

11 Tanaaf Goottaa sodaatiis maan akka te'e
waan beennuuf, worra dhibii hin hubachiinna.
Nuuti maan akka teenelle Waaqi hin beeka;
isinille gadhaa keessan keessatti nuuti maan akka
teene akka beettanu hin addadha.
12 Worra keessa ifiitiin adoo hin te'in, waan
alaan mudhatuun ifi jajanuuf deebii kenniisa
akka dandeettanu, nu'uun akka ifi jajjanuuf
malee, nuuti ammalle deebinee ifi saadiisaafii
moti.
13 Nuuti maraataa yoo teene Waaqaaf jennee ti;
worra qalbii qabu yoo teenelle isiniif jennee ti.
14 Kiristoos nama duudi'iif akka du'ee fi nami
duudiin du'a isaa ka qoodamu akka te'e waan
hubanneef, jaalalli isaa nu dirqansiisa.
15 Worri jiru'uun jiru duudiin, isaaniif jedhee ka
du'ee du'aa ka'eef akka le'anuuf malee, haganaa

achi akka ifiif hin leene, Kiristoos nama maraaf
du'e.
16 Maarre nuuti ammaa achi eennulle'etti fu-
ula ilaallee hin murru. Tanaan qara Kiristoositti akkana gooneelle yoo jiraanne, haganaa achi akkana hin goonu.
17 Tanaaf eennulle Kiristoosiin yoo jiraate inni dada haareya; dadi dullattiin tartee, dadi haaretti dhutteerti.
18 Tun duudiin Waaqa karaa Kiristoosiitiin ifi
woliin nu araarsee fi tajaajila araarsiisaa nu'uu kenneen teete.
19 Tunille Waaqi Kiristoosiin kolbaa biyya
lafaa duudii ifi woliin araarsiisatti jiraayyu jechu'u; yakkaa namootaalle itti hin laakkonne; nu'ulle'eef jecha namoota Goottaa woliin araarsinu kenne.
20 Waaqi karaa keennaan namoota waan yaa-
muuf, nuuti bakka bu'oota Kiristoosii ti; tanaaf, «Waaqa woliin araarama'a» jennee maqaa Kiris-toosiitiin isin kadhanna.
21 Akka nuuti worra karaa Kiristoosiin
tokkummaa dhugaamettii* Waaqaa woliin qoodamu teenu, Waaqi Kiristoosii cubbuu hin qanne, akka cubbuu teenna mara ba'atu godhe.

# 6

1 Nuuti Waaqa woliin ka hunyu waan teeneef,
badhaadha Waaqaa ka fudhattane akkanumaan hin balleessina'a jennee isin kadhanna.
2 Waaqi,
«Yennaa na biratti fudhatama qaddutti
ani si caqase;

* 5:21 *Tokkummaa dhugaamettii:* Balchummaa

Guyyaa fayyinna keetii,
ani si qarqaare» jedha.
Kunoo dhage'a'a yennaan fudhatama qaddu amma; guyyaan fayyinnaalle adha.

3 Tajaajilli keenna akka hin tuffatanne, een-
nulle'eef gufuu hin teenu.
4 Addee akkasii waan goonu maraan akka ta-
jaajiltoota Waaqaatitti rakkoo, farraa fi muddama
ossiisaan ifi dhikeessina.
5 Akki ifi dhikeessinulle: dikamiisaan, hidhami-
isaan, raafamiisaan, huji'iin dadhabiisaan, hirri-
iba dhabiisaa fi beelaan;
6 akkasuma qulqullumma'aan, beekkumsaan,
ossaan, arjumma'aan, Ayyaana Woyyichaan soor-
effamiisaa fi jaalala dhuga'aatiin,
7 jecha dhuga'aatii fi hunna Waaqaatiin. Hubi-
isaa fi ifi irraa dhooggatiisaafille, mey keenna ka
woraanaa balchumma'a.
8 Nuuti ulfinnaa fi salphinnalle fudhanneerra;
komatamiisaa fi leellifamiisalle fudhanneerra;
dhugaameyyii adoo teeneerruu, dharaameyyii
jedhanneerra;
9 ka beekkanne adoo teeneerruu, akka hin
beekkamin teene; du'aneeran yoo jedhanu,
jiru'uun jiraannee dhagganna; dikannulle hin
ijjeefanne;
10 gaddi nu dhaqqabulle, yennaa mara hin gam-
manna; hiyyeeyyii adoo teeneerruu worra hed-
duu dureeyyii goona; womaa ka hin qanne adoo
teeneerruu, waan maraa qanna.

11 Worra Qorontoos keessa leetanu! Nuuti ifa
tolchinee isinitti dubbanneerra; gadhaa keen-
nalle badhinnee isinii banneerra.

12 Isinumatti gadhaa nu irraa kutate malee,
nuuti isin irraa hin kutanne.
13 Akkuma nuuti gadhaa isinii badhanne,
isinille gadhaa nu'uuf badhadha'aa jedhee akka
ijoollee tiyyaatitti isinitti dubbadha.

### *Worra Hin Dhugeeffanne Woliin Hin Xaxamina'a*

14 Worra hin dhugeeffanne woliin hin xaxam-
ina'a. Balchumma'aa fi cubbuun attam wol qa-
batuu dande'an? Ifaa fi dukkanti attam woliin
jiraatuu dande'an?
15 Kiristoosii fi Seexanni attam wolii galuu
dande'an? Nami dhugeeffatuu fi nami hin dhuge-
effanne maan woliin qaba?
16 Galmi Waaqaa, waaqota dharaa woliin woli-
igaltee maan qaba? Akkuma Waaqinuu,
«Mana kiyya kolbaa tiyya oddu'utti hin godha;
odduu isaaniille hin le'a;
Ani Waaqa isaanii hin te'a,
isaanille kolbaa tiyya hin te'an» jedhe,
nuuti Galma Waaqa jiraata'aa ti.
17 Ammalle Goottaan,
«Isin odduu isaaniitii fowama'atii baya'a;
waan battii te'e hin tuqina'a.
Anille isin hin fudhadha;
18 Ani Abbaa keessan hin te'a,
isinille ilmaan tiyya ta dhiiraatii fi durraa hin teetan
jedha Goottaan waan mara dande'u» jedheera.

## 7

1 Jaalota tiyya, addiin tun duudiin waan nu'uu
kennanteef, waan nafaa fi ayyaana keenna

xureessu duudii irraa kowa'a ifi qulqulleessina; Waaqalle sodaataa woyyummaan teenna mijuu akka teetu kowa'a goona.

*Gammada Phawuloosii*

2 Gadhaa nuu badhadha'a. Nuuti nama tokkolle
hin yakkine; nama tokkoolle hin miine; yookiin
eennulle itti fayyadama keenna* hin godhanne.
3 Ani yakkaa isinitti muru'uuf tana jedhiisatti
hin jiru; akkuma ani tanaan qara isinitti hime
isin gadhaa keenna keessa jirtan. Tanaaf jiru'uu
fi du'alle'een yennaa mara isin irraa gargar hin
baanu.
4 Addiin ani isin irratti qabu guddo'o; guddoo
isiniin ifi jaja; guddoolle jajjabaadheera; rakkoo
teenna mara keessatti ani akka malee gammade.
5 Yennaa lafa Maqedooniya'aa geennelle,
rakkoon karaa adda addaatiin nu dhaqqadde
malee hin foorfanne; alaan lola, keessa keennaan
sodaa qannaayyu.
6 Waaqi worra se'a† cabe jajjabeessu ammoo,
dhufa Tiitoosiitiin nu jajjabeesseera.
7 Nuuti dhufa isaa qofaan adoo hin te'in, akka
isin isa jajjabeessitanelle waan dhageenneef ja-
jjabaanneerra. Akkasuma dharraa, gaddaa fi
yaaddoo naaf qaddanu yennaa nu'utti hime, ani
caalaa gammade.
8 Ergaan ani tanaan qara isiniif barreesse ta isin
gaddisiittu teetulle, ergaa san waan barreesseef
hin gaabbu; gaabbee yoo jiraadhelle ergaan tiyya
haga diqqo'oof waan isin gaddisiitteef gaabbe.

---

* **7:2** *Itti fayyadama keenna:* Haajaa keenna itti baafata **7:5** 2 Qor. 2:13 † **7:6** *Se'a:* Hamilee

9 Amma ammoo waan isin gaddisiiseef adoo
hin te'in, gaddi keessan akka cubbuu irraa deebi-
tanu waan isin godheef ani hin gammada. Gaddi
keessan akka fedha Waaqaa waan te'eef, nuuti
waan tokkolle'een isin hin miine.
10 Gaddi akka fedha Waaqaa te'e, nama cubbuu
irraa deebisee gara fayyinnaa geessa malee, hin
gaabbisiisu. Gaddi biyya lafaa ammoo du'a fida.
11 Gaddi keessan ka akka fedha Waaqaa te'e kun
haajamuu attamii, falmata attamii, mufii attamii,
sodaa attamii, dharraa attamii, hinaaffaa attami-
itii fi dokonkora adabiisa akka feetanu akka isin
godhe ilaala'a. Isin ammoo waan ani tanaan dura
isinii barreesse irraa bilisa akka teetane mirka-
neessitaneertan.
12 Maarre ani isiniif barreessulle, hinaaffaan
isin fuula Waaqaa duratti nu'uuf qaddanu akka
isiniif ifa teetu malee, marroo nama yakkaa hu-
jeetii fi yakkametiifii moti.
13 Jajjabeenna keenna caalaa gammada Ti-
itoos dhaggateen ka caalu gammanneerra; wonni
nuuti gammanneefille isin duudiin Tiitoos waan
jajjabeessitanee fi yaada isaa foorfachiittaneef.
14 Ani ifi jajiisa isiniin qabu Tiitoositti himeer-
aayyu; isinille na hin qaanessine; nuuti yennaa
maraa dhugaa isinitti hinneerra; maarre ifi jajiis
marroo teessaniif Tiitoositti hinne, dhugaa akka
teete mirkanootteerti.
15 Isin duudiin Tiitoosiif ajajamaa, soda'aa fi ro-
rommiisaan akka isa fudhattane yennaa qaabatu,
jaalaltiin inni isiniif qabu ittuma ede'ante.
16 Ani karaa maraan isinitti addatiisa waan
dande'eef guddoo gammadeera.

# 8

*Arjooma Kiristaanaa*

1 Obboleeyyan tiyya! Badhaadha Waaqi
wolde'oota kiristaana lafa Maqedooniya'aatiif
kenne akka beettanu barbaanna.
2 Isaan rakkinna gudda'aan haga ilaallama-
neeran; te'uu malee gammadi isaanii gudda'a;
isaan akka malee hiyyeeyyii te'anulle, guddoo ar-
joomaneeran.
3 Isaan haga dande'anuu fi haga dande'anuun
caalaa, fedhii ifiitiin akka kennane ani isaaniif
dhugaa hin baya.
4 Carraa qarqaarsa kolbaa Waaqaa ta biyya Yi-
huda'aa keessa jirtuuf kenniisa irratti hirmaati-
isaaf magannifatanee nu kadhatane;
5 haga nuuti isaan irraa eenne caalaa godhane;
matooma Gootta'aaf ifi kennane; itti aansaneelle
fedha Waaqaatiin ifi nu'uuf kennaneeran.
6 Hujii tana matooma ka jalqabe Tiitoos
waan te'eef, ammalle hujii arjoomaa tana akka
muummessu isuma kadhanneerra.
7 Isin dhugeeffanna'aan, haasowaan, beekkum-
saan, qarqaariisaaf quxiquxamiisaan*, jaalala
nu'uuf qaddanulle'een waan maraan hin caaltan;
hujii arjoomaa tanalle'een ka caaltanu te'a.
8 Maarre quxiquxamiisa worri dhibiin kenni-
isaaf qabu keessaniin wol bira qabee ilaaliisaan,
jaalaltiin teessan ta dhuga'aa akka teete mirka-
neessiisaaf jedheeti malee, isin ajajiisaafii moti.
9 Isin badhaadha Goottaa keenna Yesuus Kiris-
toosii hin beettan; inni dureessa adoo te'eeruu,

**8:4** Rom. 15:26 * **8:7** *Quxiquxamiisaan:* Ququxamiisaan

hiyyummaa isaatiin akka isin dureeyyii teetanuuf isinii jedhee hiyyeessa ifi godhe.

10 Waan kana irratti gorsa isinii dansaa fakkaatee natti mudhate isiniif kenna: Bara engeddaa kenniisa qofaaf adoo hin te'in, waan kana godhiisaaf matooma isinitti barbaade.

11 Tanaaf quxiquxiin isin kenniisaaf qaddanu hujii irra ooltee akka muummottu, haguma qaddanutti waan yaaddane san godha'a.

12 Nami tokko kenniisaaf quxiquxama yoo qabaate, kennansi isaa fudhatama ka qabaatu, haga qabutti yoo kenne malee, haga hin qanne yoo kennee moti.

13 Kana jechuun kiyya ifii dhaddanee worra dhibii rakkoo keessaa akka baattanuuf adoo hin te'in, isin lamaanuu akka wol qixxoottanu.

14 Isin yennaa rakkattanu karri isaanii rakkoo teessaniif akka ooltu, karri teessan amma rakkoo isaaniitiif ooltuu ti. Akka kanaan isin wodhakka'atti wol qixxummaan hin jiraatti.

15 Kunille akkuma Barreeffami Woyyichi, «Ka guddaa wolitti qabate hagaan ol hin qabaanne, ka diqqoo wolitti qabatelle hagaan gad hin qabaanne» jedhu.

### *Tiitoosii Fi Waa'eloota Isaa*

16 Akkuma ani isiniif quxiquxamu, Tiitoosille akka isiniif quxiquxamu Waaqi godhe galatoomu.

17 Tiitoos waan nuuti isa kadhanne qofaaf adoo hin te'in, fedhii ifiitiin ka'ee gammadaan gara keessan dhufe.

18 Isa woliin obboleessa Oduu Gammadaa lallabiisaan wolde'oota kiristaanaa duudii keessatti kabajamaa te'e ergaarra.

19 Obboleessi kun kana qofa adoo hin te'in,
hujii dansaa tana ulfinna Gootta'aatiif yennaa
nuuti muummessinuu fi fedhii dansaa tajaa-
jiliisaaf qannulle yennaa mudhinnu, nu woliin
deemiisaan qooda huji'ii nu woliin akka fudhatu
wolde'oota kiristaanaatiin fowameera.
20 Kennansa arjoomaa ka wolitti qabame kana
qabiisa irratti eennulle akka nu hin komanne ifi
eeganna.
21 Yaad keenna waan sirrii te'e fuula Gootta'aa
duratti callaa adoo hin te'in, fuulaa worra dhibi'ii
durale'etti huju'u.
22 Yennaa hedduu karaa heddu'uun haga isa
ilaallee, akka inni nama qarqaariisaaf quxiquxa-
maa te'e waan dhaggineef obboleessa keenna Ti-
itoos woliin ergineerra; addiin inni isinitti qabu
guddoo waan iteeteef, amma hujii tana qarqaari-
isaaf ka durii caalaa inni quxiquxi jedheera.
23 Marroo Tiitoosii beekiisa yoo barbaachise,
inni isin qarqaariisaaf waa'ela kiyya ka na woliin
huju; isa woliin ka dhufanu marroo obboleeyyan
dhibi'ii yoo teete, isaan bakka bu'oota wolde'oota
kiristaanaa ka ulfinna Kiristoosiitiif dhaabbata-
neeranu.
24 Tanaaf akka wolde'ooti kiristaanaa jaalalli
keessan ka dhuga'aa akka te'ee fi maaf akka nuuti
isiniin ifi jajnu akka dhagganu, jaalala keessan
isaanii mudhisa'a.

# 9

## *Qarqaarsa Kolbaa Waaqaatiif Godhame*

1 Marroo qarqaarsa kolbaa Waaqaa ta Yihudaa
keessa jirtuuf godhamuu, isiniif barreessuun bar-
baachisa'aa moti.
2 Ani quxiquxamuu keessan waan beekuuf,
«Worri Akaayya'aa bara engeddaatiin jalqabee
qarqaariisaaf qophoweera» jedhee marroo
teessaniif worra Meqedooniya'aa biratti ifi
jaje; quxiquxamuun keessanille worra hedduu
kakkaaseera.
3 Marroo teessaniif wonni ani waan kana ir-
ratti ifi jaju, soba teetee akka hin hanne amma
obboleeyyan tana ergaara; isin ammoo akkuma
ani jedhetti qophowa'aa eega'a.
4 Worri Maqedooniya'aa na woliin dhufee, adoo
isin hin qophowin yoo dhagge, nuuti isinitti
addachuu keennaan waan jennu dhannee hin
qaanonna; isin fa'a guddoo qaanottan.
5 Maarre obboleeyyan tun anaan dura gara
keessan dhufanee, qarqaarsa arjoomiisaaf
waadaa galtane dura keessa akka qopheessitanu
akka isin qaabachiisanuuf, gara keessan erguun
barbaachisaa te'ee natti mudhateera. Akka
kanaan ani yennaa dhufu kennansi arjoomaa
keessan ka qophowe te'a; isinille dirqamaan adoo
hin te'in fedhi'iin akka kennitanu beessisa.

6 «Ka diqqoo facaase diqqoo galfata; ka hedduu
facaase hedduu galfata» yaada jedhu qaabadha'a.
7 Tanaaf Waaqi nama gammadaan kennu waan
jaalatuuf, nami tokko tokkonuu waan gadhaa ifi-
itiin kenniisaaf barbaade gammadaan kennuuti
malee, gaabbaa yookiin hunnaan hin kennin.
8 Yennaa mara waan isinii barbaachisu maraa
ifii qabaattanee, hujii dansa'aafille ka geyee

hafu akka qaabattanu Waaqi badhaadha ifii
bira dabarsee isinii kennuu hin dande'a.
9 Kunille akkuma Barreeffam Woyyichi,

«Worra hiyyeeyyi'iif arjoomaan kenne;
balchummaan isaalle haga bara baraa jiraatti» jedhu.

10 Waaqi ka facaasuuf sanyii, ka nyaatuuf sagalee
kennu, sanyii facaattanu mara isinii kennee
akka guddattu hin godha; midhaan arjummaa*
teessaniille hin fakkansa.
11 Worri arjummaa teessan karaa keennaan fud-
hatu mara, Waaqa akka galateeffatuuf yennaa
maraa akka arjoontanu, Waaqi waan maraan isin
hin duroonsa.
12 Tajaajilli keessan kun dhidhuu kolbaa Waaqaa
guutiisa qofa adoo hin te'in, akka galata guddaa
Waaqaaf dhikeessanu godha.
13 Tajaajilli arjooma keessanii kun, Wongeela
Kiristoosii fudhattanee ajajamuu keessan, isaanii
fi worra dhibiille'eef arjoomuu keessan waan
mirkaneessuuf, nami hedduun Waaqa hin leel-
lisa.
14 Isaanille badhaadha guddaa Waaqi waan isinii
kenneef, isin dharra'aa isinii daadimatan.
15 Kennaa isaa ta hagana hin jedhanneef, Waaqi
galatoomu.

# 10

### *Phawuloos Tajaajila Ifiitiif Falmate*

---

* **9:10** *Midhaan arjummaa:* Balchummaa

1 Ani Phawuloos yennaa isin bira jiru nama,
«Nama ila laafu» jedhame; yennaa isin irraa fa-
gaadhe ammoo, «Nama ila jabaatu» jedhame;
gadhi laaffinnaa fi arjummaa Kiristoosiitiin,
2 ani yennaa isin bira dhufe ila jabeennaan akka
na hin dubbachiinne isin kadhadha; worra akka
yaada fooniititti deddeebina nu seyanu duratti
ammoo, ila jabeennaan dubbatiisaaf barbaada.
3 Biyya lafaa keessa leenulle, nuuti akka biyya
lafaa hin lollu.
4 Mey woraanaa* keennalle ka kushee diigi-
isaaf dandeessisu, ka hunna Waaqaa qabu malee,
meya woraanaa ka biyya lafaatii moti.
5 Waaqa beekiisa irratti moroma'aa fi kijiba gu-
fuu te'ee ka'u duudii hin balleessina; yaada na-
maa duudiille booji'aa Kiristoosiif akka ajajamu
goona.
6 Eega ajajamuun keessan muummowe, aja-
jama dhaba duudii adabiisaaf hin qophoonna.

7 Isin waan ila duratti mudhatu qofa ilaaltan.
Nami tokko ani ka Kiristoosii ti jedhee yoo ifi ad-
date, nuutille akkuma isaatuu ka Kiristoosii te'uu
kenna hubatuu ti.
8 Marroo baallii Goottaan nuu kenneetiif, yoo
guddoo ifi jajelle itti hin fokkiffadhu; baalliin
tun isin ijaariisaaf malee, isin diigiisaaf hin ken-
nanne.
9 Ani xalayaa kiyyaan akka waan isin so-
daachisiisatti jiruu akka yaaddanu hin fedhu.
10 Worri gariin, «Ergaan Phawuloosii jajjaddu'uu
fi ulfaattu'u; inni ammoo yennaa nu biratti

* **10:4** *Mey woraanaa:* Miyyi woraanaa

dhaggamu dadhaba'a; dubbiin isaalle goofa» jed-
han fa'a teeti.
11 Worri akkasii waan nuuti fagoo jiraannee
barreessinuu fi waan yennaa isin woliin jirru
hunyu odduu garaa garummaan akka hin jirre
hubatuu ti.

12 Nuuti worra ifi saadutti ifi laakkowu'uuf
yookiin isaaniin wol biratti ifi qannee ilaaliisaaf
ila hin jabaannu. Isaan ammoo ifiinuu ifi waan
madaalanuu fi ifiinuu ifi wol biratti qabanee ifi
waan ilaalanuuf gowwoole'e.
13 Nuuti ammoo haga isin bira geennulle'etti,
meessaa tajaajila Waaqi nuu kenneen ifi jajaarra
malee, haga irra tarree ifi hin jajnu.
14 Isinille meessaa tajaajila keennaa keessa
waan jirtanuuf, nuuti Oduu Gammadaa ta
Kiristoosii gara keessan finnee yennaa dhunne
meessaa san hin tarre.
15 Tanaaf meessaa Waaqi nuu murteesse irra
dabarree, hujii worra dhibi'iitiin haga malee ifi
hin jajnu; addee akkasii dhugeeffannaan teessan
akka guddattuu fi hujii teennalle haga meessaa
Waaqi nuu murteesseetitti, odduu teessanitti irra
caalaa akka babadhatu hin addanna.
16 Maarre meessaa tajaajila nama dhibi'ii
keessa seennee, hujii tanaan qara hujanteen
adoo ifi hin jajin, biyyoota isiniin gamaatille'etti
Oduu Gammadaa lallabuu hin dandeenna.

17 Ammoo akkuma Barreeffam Woyyichi jed-
hutti, «Ka ifi jajuu Gootta'aan ifi jajuu ti».
18 Sababille nama Goottaan saadutti fudhatama
qaba malee, nami ifi saadu fudhatama hin qabu.

# 11

## *Phawuloosii Fi Ergantoota Sobaa*

1 Ani diqqoo gowwoomulle akka naa ossattanu
hin addadha; maganne'ee na ossadha'a.
2 Ani akka durra duudduu qulqullitti'ii Kiris-
toosii abbaa manaa tokkochatti, isin heerumsiisi-
isaaf waan isin kadhadheeruuf, akkuma Waaqi
hinaafu anille isin hinaafa.
3 Akkuma bofi maltumma'aan Heewwan sobe,
yaadi keessanille gara badee qajeelumma'aa fi
qulqullummaa Kiristoosiif qaddanu irraa isin
milissinaa laati jedhee sodaadha.
4 Nami tokko gara keessan dhufee, Yesuusii
nuuti isinitti lallanne malee, Yesuusii dhibii yoo
isinitti lallabe yookiin ayyaana kanaan dura fud-
hattane malee, ayyaana dhibii yoo fudhattane
yookiin Wongeela tanaan dura fudhattane malee,
Wongeela dhibii yoo fudhattane, cadhittanee itti
ilaaltan* jechu'u.
5 Ani ammoo karaa tokkolle'een ergantoota
guguurddoo tana irraa waan diqqaadhu hin seyu.
6 Ani dandeettii dubbi'ii dhabulle, beekkumsa
hin qaba; nuuti yennaa maraa karaa maraan
waan kana ifa isiniif gooneerra.
7 Ani gatii malee Oduu Gammadaa ta Waaqaa
waan isinii lallabeef, akka isin ol jettanuuf ifi gad
qabuu kiyyaan cubbuu hujee ree?
8 Isin tajaajiliisaaf, wolde'oota kiristaanaa
dhibii irraa qarqaarsa waan fudhadheef, ani
isaan saameera.

---

* **11:4** *Cadhittanee itti ilaaltan:* Fudhattan

9 Yennaa isin woliin jiraataa woy dhabee
rakkadhe, obboleeyyan Maqedooniya'aa dhufane
waan naa barbaachisu maraan waan na
qaraqaaraneef, ani nama tokkolle'etti ba'aa hin
teene. Akkuma tanaan dura ba'aa isinitti te'uu
dhabe, gara duraalle ba'aa isinitti hin te'u.
10 Dhugaan Kiristoosii haga na keessa jirtu, een-
nulle ifi jajuu kiyya kana lafa Akaayya'aa keessatti
na hin dhooggu.
11 Ani waan isin hin jaalanneef kana jedhaa?
Akka ani isin jaaladhu Waaqinuu hin beeka.
12 Ergantooti dhibiin sun, «Nuutille akkuma
isaanii hujaarra» jedhaa sababa ittiin ifi jajanu
isaan dhassiisiisaaf, akkuma amma godhiisatti
jiru gara duraalle hin godha.
13 Namooti akkasii ergantoota Kiristoosii
fakkaatiisaaf worra ifi jijjiiru, ergantoota sobaatii
fi hojjattoota maltoole'e.
14 Kunille waan nama baaseffachiisuu moti; Se-
exanninuu ergantoota ifaa fakkaatiisaaf ifi jijjiira.
15 Tanaaf tajaajiltooti Seexanaa tajaajiltoota
balchumma'aa fakkaatiisaaf yoo ifi jijjiirane hin
baaseffachiisu. Muummee irratti gatii hujii ifii
hin dhaggatan.

### *Phawuloos Ergamaa Te'iisaan Rakkate*

16 Ani ammalle isiniin jedha; eennulle gowwaa
na hin seyin; yoo seetane ammoo diqqumalle
akka ifi jajuuf akka gowwa'aatitti na fudhadha'a.
17 Akka kana ifi jajiisaan yennaa dubbadhu
akka gowwa'aa te'eeti malee, akka fedha
Gootta'aatii moti.

**11:9** Filp. 4:14-18

18 Worri hedduun akka yaada fooniititti ka ifi
jaju eega te'e, anille ifi hin jaja.
19 Isin qaroolee waan teetaneef, gowwoolee
gammadaan hin ossattan.
20 Nami yoo garba isin godhate yookiin yoo
isin irra nyaate yookiin bu'aa ifiitiif yoo isin
fayyadame yookiin yoo isin tuffate yookiin yoo
isin dhabanaase hin ossattan.
21 Nuuti ammoo waan saniin dadhaboolee te'uu
kennaan fokkifataa dubbadha.

Eennulle ifi jajiisaaf ila yoo jabaate, anille
akkuma isaa ila jabaadhee ifi jaja. Ammalle akka
gowwa'aa te'ee tana jedha.
22 Isaan worra Ibirootaatii? Anille nama Ibi-
rootaa ti. Isaan worra Israa'eliitii? Anille nama
Israa'elii ti. Isaan sanyii Abrahaamiitii? Anille
sanyii Abrahaamii ti.
23 Isaan tajaajiltoota Kiristoosiitii? Ani
isaan caalaa tajaajilaa Kiristoosii ti. Ani akka
maraata'aa tana dubbadha; ani isaan caalaa
yennaa hedduu huji'iin dadhabeera, yennaa
hedduu hidhameera, yennaa hedduu dikameera,
yennaa hedduulle du'a geyeera.
24 Ani lichee soddomii sagal sagal yennaa shan
harka Yihudootaatitti dhaanameera.
25 Yennaa sad ciira'aan dhaanameera; yennaa
tokko dhaka'aan tumameera; yennaa sad cac-
cab hoboloo guddditti'ii na dhaqqabeera; guyyaa
tokkoo fi halkan tokko galaana irra oolee buleera.
26 Yennaa hedduu ideensa irra waan tureeruuf,
balaan laga guutee, balaan saantotaa, balaan gosa
tiyyaatii fi worra Yihudoota hin te'in irraa, balaan
qacha'aa fi gammoojjii keessatti, balaan abbaayaa

**11:25** HuE. 16:22; 14:19

keessalle'etti, balaan kiristaanota dharaameyyii
irraa na dhaqqabeera.
27 Hujii hantuu hujee, akka malee eloweera;
yennaa hedduu hirriiba dhabeera; yennaa
hedduu beelodhee dheebbodheera; yennaa
hedduulle sagalee dhabeeraayyu; boojji'ii fi daara
dageera.
28 Waan dhibii lakkisii marroo wolde'oota kiris-
taanaatiif, guyyuma guyya'aan hedaa yaaddowaa
ture.
29 Eentu dadhabeeruun, ani dadhabuu
dhabeera? Eentu cubbu'uun gufatuun, gadhaan
na laalatuu dhabeera?
30 Ifi jajiis yoo barbaachise, ani waan dadhabbii
tiyya mudhisuun ifi jaja.
31 Waaqi, Abbaan Goottaa kenna Yesuus Kiris-
toosii, ka haga bara baraa galateeffame, akka ani
sobaa hin dubbanne hin beeka.
32 Yennaa ani qachaa Damaasqo'oo keessa jiru,
bulchaan mooticha Areexaasiin jalatti bulchi-
isatti jiru, na qassiisiisaaf barbaadee, karroota
qacha'aa eeddotaan eessisaa ture.
33 Namooti ammoo, qiriccoo keessa na keyanee
urata dalleyaatiin na buusaneeranuun isa jalaa
miliqe.

# 12

### *Mudhii Phawuloosii*

1 Ifi jajiisaan bu'aan dhaggamu jiraatuu
dhabulle, ifi jajiisa yoo barbaachise yaadaan
dhaggu'uu fi mudhii Goottaan naaf kenneen ifi
jaja.

**11:33** HuE. 9:23-25

2 Nama ka Kiristoosii te'e tokko beeka; nami kun
woggaa kudha afuriin dura, haga ol gubbaa olii
fudhatame; akki inni fudhatamelle nafaan te'uu
yookiin te'uu dhabuu ani hin beeku; Waaqi hin
beeka.
3 Ifii ammoo nami kun gara addee gammadaa
akka fudhatame hin beeka; teetuu malee nafaan
te'uu yookiin te'uu dhabuu ani hin beeku; Waaqi
hin beeka.
4 Inni gara addee gammadaa fudhatamee, waan
jecha namaatiin himamiisaa fi namille dubbati-
isaaf hin dandeenne dhage'e.
5 Ani nama akkana jiruun ifi jaja; marroo ifii
kiyyaa ammoo, dadhabbii tiyya malee waan ifi
jajadhuun hin qabu.
6 Ani dhugaa waan dubbataaruuf, ifi jajiisa yoo
barbaadelle ani hin gowwoomu; ammoo eennulle
waan na irratti dhagguu fi waan na irraa dhage'u
caalaa akka hin herrenneef, ifi jajuu irraa ifi qu-
sadha.
7 Mudhii guddoo tanaan ta kaate akka ani hin
koorre, wonni akka qore'ee nafa kiyya woraanee
na farrisiisu, ergamaan Seexanaa naa kenname.
8 Wonni na rakkisu kun, akka na lakkittu yen-
naa sad gara Gootta'aa daadimadhe.
9 Inni ammoo, «Hunni tiyya mijuu teetee ka mud-
hattu yennaa ati dadhabaa teete waan teeteef,
badhaadhi kiyya si hin geya» anaan jedhe. Tanaaf
hunni Kiristoosii akka ana irra jiraattu, ka durii
caalaa dadhabbii tiyyaan gammadaa ifi jajiisa
barbaada.
10 Ani hunna ka dhaggadhu dadhabaa yennaa
te'utti waan teeteef Kiristoosiif yennaa dadhabu,

yennaa arraffamu, yennaa rakkadhu, yennaa mi-
idhamu fi yennaa yaaddawu hin gammada.

### *Yaada Phawuloos Worra Qorontoosiitiif Qabu*

11 Ani akka gowwa'aa dubbadhe; akka ani
akkas dubbadhu isinitti na godhe; na deeggaruu
ka qaddanu silaa isin; ani woyittuu laakkowamuu
dhabulle, worra ergantoota gugurdoo jedhamane
karaa tokkolle'een hin hanqadhu.
12 Ani yennaa odduu teessan jiru, hujiin ani
ossaan huje, akka ani ergamaa dhuga'aa te'e hin
mirkaneessiti. Kunille beessisa, baasaa fi bilbaa-
sota.
13 Ani ijjumaa isinitti ba'aa te'a dhabuu kiyya
malee, ani maaniin wolde'oota Kiristaanaa
dhibii isin hanqise? Tunille akka yakka'aatitti
ta laakkowantu yoo teete naa araarama'a.
14 Gara keessan dhufiisaaf qophowuun kiyya,
amma yennaa sadeesso'oo ti; ani isinitti ba'aa
te'iisa hin fedhu; ani ka barbaadu isin malee,
beesee teessanii moti. Ijoollee ifiitiif karra ka
kuusu worra malee, ijoolleen worra ifiitiif karra
hin kuuchu.
15 Ani isiniif jedhee waan qabu duudii, ifille
dabarsee adoo isiniif kenne guddoo hin gam-
mada. Eega ani akkana guddisee isin jaaladhe,
isin diqquma na jaalatanii ree?
16 Maarre teetuutii, akka ani isin irratti ba'aa
hin te'in tana wolii galla; ammoo maltumma'aa fi
sobaan waan harkatti isin galfadhe seyaartan.
17 Ani namoota gara keessan erge keessaa,
karaa nama tokkochaatille'een woy isin irraa
nyaadheera ree?

18 Tiitoos gara keessan akka dhufu kadhadhee,
obboleessa keenna sanille isa woliin ergeera. Ti-
itoos woy isin irraa nyaateeraa ree? Anii fi inni
ayyaana tokkoonii motii ka isin tajaajille? Ideensi
keennalle tokkoo motii ree?
19 Isin duudiin haga ammaa, waan nuuti isin
duratti marroo teennaaf falmataarru gootanee
ilaalaartanii? Nuuti Kiristoosiin jiraannee,
Waaqa duratti dubbataarra. Jaalota tiyya! Nuuti
isin ijaariisaaf jennee tana duudii dubbataarra.
20 Yennaa ani gara keessan dhufu akka ani bar-
baadu adoo isin hin te'in, anille akka isin barbaad-
danu adoo hin te'in, takki wol dhaggina fa'a jed-
hee sodaadha. Takki fa'a lolli, hinaaffaan, aariin,
ifi jaalatuun, maqaa namaa balleessuun, hamiin,
kooriisaa fi hogaan odduu teessan jiraatuu jedhee
sodaadha'a.
21 Deebi'ee gara keessan yennaa dhufu, Waaqi
kiyya isin duratti na fokkisiisa jedhee sodaadha;
tanaan qara worri cubbuu battumma'aa,
sagaagalumma'aatii fi baalagumma'aa hujane,
waan cubbuu irraa hin deebi'iniif gaddda keessa
bu'innaa jedhee sodaadha.

# 13

*Gorsaa Fi Nageya Muumme'ee*

1 Gara keessan dhufiis kiyya kun yennaa
sadeesso'oo ti; akkuma Barreeffam Woyyichi
jedhu, «Himannaan marti dhugaa baatota lamaan
yookiin sadiin mirkanootti».
2 Ani yennaa lammeesso'oo isin ilaaliisaaf
dhufee isin woliin jiru, isin ifi eeggachiiseera.
Ammalle fagoo jiraadhee, worra tanaan qara

cubbuu hujee fi worra dhibiille ifi eeggachiisa; amma yennaa gara keessan deebi'ee dhufu eennulle hin hilu.
3 Isin ka ana keessa jiraatee dubbatu Kiristoos
akka te'e mirkaneeffatiisaaf barbaaddan; ka isin keessatti mudhatulle hunna isaa ti malee, dadhabbii isaatii moti.
4 Inni fannoo gubba'atti fannifamee ka du'e
dadhabbi'iin te'ulle, amma hunna Waaqaatiin jiru'uun le'a; nuutille isa woliin dadhaboolee teeneerra; tokkummaa isin woliin qannuun ammoo, isa woliin hunna Waaqaatiin leena.

5 Dhugeeffanna'aan akka jirtanu beekiisaaf ifi
qorqora'a; haga ifi ilaala'a; Yesuus Kiristoos akka isin keessa jiru hin hubannee? Yoo akkas hin te'in haga ilaallatamaan jiddaneertan jechu'u.
6 Nuuti haga ilaallatamaan akka hin jigin hin
beettan jedhee addadha.
7 Waan hantuu akka isin hin hunye, gara
Waaqa daadimanna; wonni daadimannuufille nuuti haga ilaalcha taruu dhannee yoo dhagganne, isin yennaa maraa waan dansaa akka gootanuuf malee, haga ilaalcha tariisa keenna mudhisiisaafii moti.
8 Nuuti dhuga'aaf hunya malee, waan
dhuga'aan mormu tokkolle hujiisaaf hin dandeennu.
9 Nuuti dadhaboolee teenee, isin ammoo jajjaba
yennaa teetanu hin gammanna; nuuti akka isin mijuu teetanu daadimanna.
10 Ani waan kanaaf, adoo fagoo jiruu ergaa
tana isiniif barreesse; akka kanaan gara keessan yennaa dhufu, baallii Goottaan naaf kenneen ila

isinitti hin jabaadhu; Goottaan baallii naaf ka kenne akka isin ijaaruuf malee, akka isin diiguufii moti.

### *Nageya Muumme'ee*

11 Obboleeyyan tiyya! Yoona nageyaan tee'a'a;
leetoo teessan sirreeffadha'a; gorsa kiyya
dhage'a'a; wolii gala'a; nageyaan le'a'a; Waaqi
jaalalaatii fi nageyaa isin woliin hin jiraata.
12 Sunqata woyyichaan wol sunqataa nageya
wol fuudha'a.
13 Kolbaan Waaqaa marti nageya isinii dhaan-
teerti.
14 Badhaadhi Goottaa Yesuus Kiristoosii, jaalalli
Waaqaa, tokkummaan Ayyaana Woyyichaalle
isin duudii woliin jiraattu.

# Kitaaba Woyyuu
## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e